Oromiyaa

Lakk. 356

Oduu

Godinichatti callaa kuntaala mil. 19 ol argachuuf karoorfamee hojjetamaa jira

Godina Shawaa lixaatti bara oomishaa 1999/2000 callaa kuntaala 19,852,495.5 argachuuf karoorfamee hojjetamaa akka jiru waajjirri misooma baadyaafi qonnaa godinichaa beeksise.

Itti gaafatamaa wajjirichaa kan ta'an Ob. Abbabaa Kafanii gaazeexaa Oromiyaaf akka beeksisanitti, oomisha kana argachuudhaaf lafa heek. 748,665.5 qotuuf karoorfamuu isaa irrayyuu, callaa guddiftootatti fayyadamuuf karoorfamee hojjetamaa akka jiru addeessaniiru.

Lafa qotuuf karoorfame keessaa hamma oduun kun qindaa'etti heektaarri 685,118 qotamee kana keessaa heektaarri 550,000 faca'uu isaa Ob. Abbabaan eeranii, kan hafe qotuufi facaasuun kan itti fufe ta'uu himaniiru. Xaa'oo daappiifi yuuriyaa barbaachisu kuntaala 202,120.5 keessaa kunt. 185,929.5 dhihaatee kunt. 172,944 raabsamuu addeessanii, raabsiinis itti fufuu dabalanii ibsaniiru.

Qonna biyyoo gurraachaa ilaalchisuun akka godinichaatti aanaalee 5 gandoota qonnaan bulaa 64 irratti gaggeessuuf karoorfamee hojjetamaa akka jiru itti gaafatamaan kun eeranii, "BBM"tti fayyadamuudhaan lafa heek. 12,618 irraa callaa kuntaala 367,085 argachuuf karoorfamee hojjetamaa akka jiru addeessaniiru. Qonna kana irrattis qonnaan bultoonni 22,977 hirmaachaa akka jiran beekuun danda'ameera.

Hojiin qonnaa godinichatti hojjettootaafi ogeessota misoomaa 2000 ol ta'aniin deeggaramee kennamaa jiraachuu kan himan Ob. Abbabaan, jiruufi jireenya qonnaan bulaa hatattamaan jijjiiruuf karoorri ulaa misoomaa ba'ee hojiirra oolmaa isaatiif qophiin xumuramaa akka jiru addeessaniiru.

Namoonni kuma 3 ol carraa hojii argatan

Godina Baaleetti sochii investimeentii deemsifamaa jirun namoonni kuma sadii ol carraa hojii argachuusaanii Ob. Idriis Huseen itti gaafatamaan waajjira Investimeentii godinichaa ibsan.

Godinichatti dureeyyoni projektoota addaddaa birrii mil. 316 olitti tilmaamamu 97 irratti bobba'anii hojjechaa akka jiran kan ibsan Ob. Idriis, sochii investimeentii kanaanis namoonni 3,151 carraa hojii argachuusaanii eeraniiru. Itti dabaluudhaanis, namoonni 1634 carraa hojii dhaabbataa, namoonni 1,517 ammoo kan yeroo argachuusaanii addeessaniiru.

Dureeyyonni kunneen hojii qonnaa, ijaarsa hoteela ammayyaa, bosona misoomsuu, warshaa daakuufi kanneen biroorratti bobba'uusaaniifi pirojektoota kanneen keessaa 7 ijaarsa irra jiraachuusaanii Ob. Idriis eeraniiru. Itti dabaluudhaanis godinichatti carraan investimeentii bal'aan waan jiruuf dureeyyonni haala mijaa'aa ta'e kanatti akka fayyadaman waamicha dabarsaniiru.

Bu’aaleen qu’annoo kanniisaa qonnaan bulaa fayyadaa akka jiran ibsame

Wiirtuun qu’annoo kanniisaa Hoolotaa bu’aawwan qu’annoo qonnaan bulaa fayyadan deemsisaa akka jiru wiirtuu kanatti ekispartii qu’annoo hormaata kanniisaa kan ta’an Ob. Kabbadaa Dabalee ibsan.

Hanga ammaatti wiirtuun kun qu’annoo addaddaa 72 deemsisuudhaan qonnaan bulaan akka itti fayyadamu taasisuusaa Ob. Kabbadaan dubbataniiru. Itti fufuudhaanis, qu’annoowwan haaraa 30 qu’atamaa jiraachuusaaniifi biqiltuuwwan 1,500 irratti qu’annoo taasiisuudhaan erga biqiltuuwwan kanneen baay’atanii booda qonnaan bulaaf qoodamuusaanii addeessaniiru.

Wiirtuun kun qu’annoo deemsisu waliin leenjii kennaa jiraachuusaa kan eeran ekispartiin kun qonnaan bultoota 1835, ogeessota kanniisaa naannolee addaddaarraa babba’an 46fi ekispartoota 903f hanga baatii sadiitti leenjisuusaa ibsaniiru.

Ob. Taammiruu Fufaa godina Shawaa lixaa aanaa Walmaraatti jiraataan ganda qonnaan bulaa Walmaraa Cuubaa leenjii wiirtuu kanarraa argataniin fayyadamanii hojjechuusaaniitiin jireenyi isaanii jijjiiramuusaa dubbataniiru. Wayita ammaa gurgurtaa kanniisaafi dammaarraa waggaatti birrii kuma kudhan caalaa argachuusaaniifi hojii kana harka duwwaan jalqabanii wayita ammaa qabeenya birrii kuma 100tti shallagamu horachuusaanii eeraniiru.

Aanichatti hirmaannaa ummataatiin biqiltuuwwan gosa addaddaa kuma 361ol dhaabaman

Godina Shawaa lixaa aanaa Baakkoo Tibbeetti bar-kumee haaraa kana sababeeffachuun Waxabajjii 3 hanga Adoolessa 15/1999tti biqiltuuwwan gosa addaddaa 361,687 hirmaannaa namoota 27,498tiin lafa heek. 5393 irra dhaabamuu isaa itti gaafatamaan W/B/Q/ummataa aanaa Baakkoo Tibbee Ob. Mootummaa Caalaa addeessan.

Biqiltuuwwan kunneenis buna 12,732 maangoo 4,200, Abukaadoo 1761, paapaayyaa 1835 biqiltuuwwan mukkeenii addaaddaa 341,159 ta'uu Ob. Mootummaan eeranii, kunuunsi biqiltuuwwan kanneenii dirqama nama hundaa ta'uu akka qabu dhaamaniiru.

Magaalaa Baakkootti hirmaannaa ummataatiin qulqullinni daandii konkolaataa hojjetamuu bo'oon lolaa qotamuufi hojiin magaalaa keessa qulqulleessuu hojjetamuu isaa bakka bu'aan blchiinsa magaalaa Baakkoo Ob. Balaachoon ibsaniiru. Ob. Balaachoo waytuma kana, magaalaan Baakkoo investimentiif mijaawaa waan taateef investaroonni yoo irratti hirmaatan bu'a qabeessa ta'uu akka danda'an dubbataniiru.

Gama biraatiin ganda qonnaan bulaa Amartii Gibee keessatti wiirtuu 14 irratti dhiiraafi dubartii dabalatee namoonni 832 barnoota bu'uraa barachaa akka iran ibsameera. Ganda kanatti bar-kumee haaraa sababeeffachuun biqiltuun 2500 dhaabamuu isaa Ob. Mootummaa Caalaa ibsuu isaanii riippoortarri W/B/Q/Ummataa aanaa Baakkoo Tibbee Taayyee Taabuu nuuf gabaaseera.

Waajjirichi birrii miliyoona 2.5 ol liqeesse

Waajjirri liqiifi qusannoo damee Hiirnaa tajaajilamtootaaf birrii miliyoona 2.5 ol liqeessuusaa Ob. Girmaa Nagaash itti gaafatamaan waajjirichaa ibsan.

Akka Ob. Girmaan jedhanitti waajjirichi waggoottan lamaan darbanitti namoota harka qalleeyyii 1,680f birrii 2,527,200 liqeesseera. Fayyadamtoota tajaajila liqii ta'an keessaa 370 dubartoota yemmuu ta'an 1,310 ammoo dhiira.

Namoonni kanneen daldala xixiqqaa, sangaa gabbisuu horsiisa ra'eefi hoolaa irratti bobba'uusaanii itti gaafatamtichi dubbataniiru. Itti fufuudhaanis, fayyadamtoota kanneeniif akkaataa qabiinsa maallaqaafi hojii ilaalchisee leenjiin kennamuusaa eeranii tajaajillii liqaa kun hiyyummaa xiqqeessuuf bu'aa ol'aanaa qabaachuusaafi aadaan qusannoo akka baramu taasiseera jedhaniiru.

Waajjirri liqiifi qusannoo Hirnaa hundeeffamasaa bara 1991 irraa kaasee hanga ammaatti namoota kuma sadii ol ta'aniif tajaajila liqii kenneera. Bara 2000 keessattis namoota 1892f birrii miliyoona 2 ol liqeessuuf karoorfachuusaa itti gaafatamaa waajjirichaa waabeffachuun riippoortarri keenya Cirootti argamu Musxafaa Muktaar nuuf gabaaseera

Balballomii

Konfiransiin hundee dhaabaa guddina misoomaatiif

Akkuma beekamu akkaataa qajeelfama dhaabaatiin akka guutummaa Oromiyaatti konfiransiin hundee dhaabaa baatii sadiitti al tokko adeemsifama. Konfiransiin hundee dhaabaa baatii sadii keessatti al tokko adeemsifamu kun kaayoo mataa isaa kan qabudha. Kaayoon walii galaa konfiransii hundee dhaabaa kanaa raawwii hojii karoora baatii sadan darbanii qorachuudhaan karoora hojii baatii sadan itti aananii baasuudhaan gara hojiitti seenuudha.

Sochii kana keessatti miseensi konfiransii kana irratti hirmaate hunda caalaa adda duree ta'uudhaan karaa haqa qabeessa ta'een badhaadhuuf hojjechuudha. Miseensi kun adda duree ta'uudhaan karaa haqa qabeessa ta'een badhaadhuuf wayta tattaafatu al tokkotti waan lama hojjeta. Gama tokkoon akkuma armaan olitti kaafne karaa haqa qabeessa ta'een adda durummaan sosso'eetu badhaadha. Gama biraatiin ammoo sochii cimaa taasisuun kanneen birootiif naannawa isaatti hojiin misoomaa akka babal'atu fakkeenya gaarii ta'a.

Konfiransiin hundee dhaabaa baatii sadiitti al tokko wayta adeemsifamu karoora hojii itti aanuu wayta baafatu haala qabatamaa hojii naannawa isaatti argamu irratti hundaa'eetu. Haaluma kanaan konfiransiin hundee dhaabaa dhihoo kana adeemsifame hojii gannaa irratti xiyyeeffatee kan mari'ate yemmuu ta'u, miseensi konfiransii kana irratti hirmaate adda durummaan hojii gannaa raawwachuuf waadaa galeera.

Konfiransii kana irratti walumaa gala kan hirmaate miseensa 685,564 yemmuu ta'u, miseensi kunis haala qabatamaa naannawa isaa irratti mari'ateera. Keessumaa hojii qonna gannaa irratti marii bal'aa adeemsiseera. Yeroodhaan hojii isaa irratti argamuuf, humna guutuudhaan hojjechuuf, maatii isaa guutummaatti hojii irratti bobbaasuuf, waluma gala karaa haqa qabeessa ta'e hojjetee badhaadhuufi kanneen biroof fakkeenya ta'uuf waadaa galeera hirmaataan konfiransii kanaa.

Hirmaattonni konfiransii kanaa karoora hojii baatii sadan darbanii irratti mari'ataniiru. Ergamaafi gurmaa'ina hundee dhaabaa irratti, karoora hojii baatii sada itti aananii irratti, sagantaa ekisteenshinii qonnaa irratti mari'ataniiru. Hojii gannaafi bulchiinsa gaarii irratti tumsuuf waadaa galaniiru.

Hojii misoomaa galma barbaadameen ga'uuf bulchiinsi gaarii diriiruu akka qabu ni amanama. Bulchiinsi gaariin yoo hin mirkanoofne jiraataan dhimma isaatiif deebii ga'aa ta'e argachuu hin danda'u Jiraatan dhimma isaatiif deebii ga'aa yoo hin arganne ammoo hojii misoomaa irrattis ta'e

hojii kamirrattiyyuu bobba’ee bu’aa gaarii mirkaneessuu hin danda’u. Kanaaf konfiransiin hundee dhaabaa kun dhimma bulchiinsa gaarii irrattis marii taasiseera.

Hojiiwwan qonnaa keessatti miseensi baadyaa adda duree ta’ee sosso’uu qaba wayta jedhamu sababa malee miti. Miseensi kun kaayoo misoomaa Dh.D.U.On baase galmaan ga’uuf dirqama olaanaa qaba. Dirqama isaa kana kan ba’u ammoo adda durummaan sosso’ee, karaa sirrii ta’ee badhaadhee kanneen birootiif fakkeenya ta’uudhaani. Inni hojii bulchiinsaa irratti ramadame ammoo bulchiinsa gaarii ganda isaa keessatti mirkaneessuudhaani dirqama dhaabni itti kenne ba’uu kan danda’u. Hojiin misoomaafi bulchiinsa gaarii ganda tokko keessatti yemmuu mirkanaa’u kan gandoota baadyaa hundaa walitti ida’amaniitu guddina biyyaa mirkaneessu.

Xumura irrattis hirmaattonni konfiransii kanaa hojii hojjetaa turan keessatti ciminaafi dadhabbina erga adda baasanii ceephuuf ceepha’ama taasisaniiru. Ceephuufi ceepha’amni kun ammoo hojii itti aanuuf bu’aa akka qabu beekuun ni danda’ama. Hir’ina mul’ate itti guutuuf, dogoggora sirreessuuf ceepha’ama taasisuun karaa itti sirraa’anidha.

Ijoo Dubbii

Mareen ummata magaalaa bulchiinsa gaarii akka dhugoomsuuf...

Har'a, akkuma biyyaattis ta'e, akka naannoo keenya Oromiyaatti oggansa Dh.D.U.O/ADWUItiin guddini misooma dinagdee, mirgi sabaafi sab-lammoota ummattoota hundaa haala jajjabeessaafi amansiisaa ta'een mirkanaa'eera. Ijaarsi sirna demokraasii keenyaa fiixa ba'insa argatee sabaafi sab-lammoonni biyya keenyaa ofii isaanii of bulchaa, misooma naannoo isaanii karooraafi qooda fudhannaa mata isaaniitiin guddisaa jiru. Keessumaa ammoo ummanni baadiyaa, karooraafi tarsimoowwan qonnaafi baadiyaa mootummaan baasetti fayyadamuudhaan, oggansa Dh.D.U.Otiin beelaafi hiyyummaa kaleessa keessa ture keessaa ba'ee jireenya fooyya'aa jiraachuu eegaleera.

Ummanni magaalaas, akkaataa barbaadameen si'ataa ta'uu baatus, fayyadamummaan isaa haala garaa garaatiin akka mirkanaa'uuf yaalii cimaan taasifamee bu'aan argamee jira. Fayyadamummaa ummata magaalaa mirkaneessuudhaaf hojiilee hojjetaman keessaa hojiilee daldalaa xixiqqaa, ijaarsa manneetiifi deggarsa liqaa kaasuun ni danda'ama. Haa ta'uutii ummata magaalaa biraa komiiwwan adda addaa ni dhaga'amu. Keessumaa filannoo marsaa sadaffaa bara 1997 adeemsifame booda marii ummata magaalaa wajjin adeemsifame irratti bulchiinsi gaariin dhibamuun isaa, hojjettoonni mootummaa aantummaafi amanamummaan ummaticha tajaajiluuf kaka'umsa dhabuun isaaniifi magaalota keessatti hoji dhabdummaan heddummachuun isaa bal'inaan ka'ee ture. Dh.D.U.O/ADWUIn ummata magaalaa irraa fagatee turuun isaas akka komiitti kanneen ka'an keessaa isa tokko ture.

Dh.D.U.On yaada bal'inaan ummata biraa ka'e kana ka'umsa taasifachuun yeroo sanarraa kaasee ummata baadiyaafi magaalaa wajjin mariin fufiinsaan akka adeemsifamu taasifamee, karaa tokkoon ummanni magaalaafi Dh.D.U.On sadarkaa sadarkaan walitti dhiyaachaa adeemuu, karaa biraas waan ummanni yeroo garaagaraa kaasu irraa yaada bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf gargaaru argachuun danda'ameera. Keessumaa ammoo mareen ummata magaalota gurguddoo keessa jiraatanii wajjin tibba darbe adeemsifame bulchiinsa gaarii mirkaneessuudhaaf gumaacha guddaa akka qabaatu hubatameera.

Mariin ummata magaalaa wajjin adeemsifame kun rakkoolee hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa magaalota keessatti mul'atan ka'anii bal'inaan irratti mari'atamuun isaa rakkoolee kunneeniif furmaata waliinii kaa'uu qofa utuu hin taane, ummatichi qaama furmaatichaa ta'ee

hojjechuudhaan, karoorarraa eegalee, raawwii karooraa keessatti qooda adda duree fudhachuudhaan furmaanni qabatamaan akka argamuuf tattaafii gochuu akka qabu kan hubachiisedha.

Akkuma beekamu, bulchiinsi gaariin qooda fudhannaa ummataa hunda galeessaan ala kan yaadamu miti. Ummanni karoora misoomaa, ijaarsa sirna demokraasii, eegumsa nageenyaafi qulqullina naannoo isaaratti hirmaachuu, yaada karooraa dhiyeessuu, kun kanaan haa fooyya'u jedhee falmuu, raawwii karooraa keessattis humnaafi beekumsa isaatiin qooda adda duree fudhachuu mala. Kun wayita dhugoomu iftoomni ni mirkanaa'a. Hirmaannaan ummataa ni dhugooma. Karoorichis fiixa ba'insa argatee fayyadamummaan ummata bal'aa saffisaan argama. Kanaafuu, mariin ummata magaalaa kana argamsiisuuf adeemsifame kun fiixa ba'ee bu'aan barbaadame akka mirkaneessuuf kutannoon haa kaanu jenna.

Aaga Badhadhinaa

Bu’aa oomisha dammaa

Ob. Taammiruu Fufaa godina Shawaa lixaa aanaa Walmaraatti jiraataa ganda qonnaan bulaa Walmaraa Cuubaati. Isaanis hanga kutaa 8tti baratanii sababa rakkinaatiin, barumsasaanii dhiisuudhaan qe’esaaniitti deebi’an. Lafa qotan waan hin qabneef yeroodhaaf hojii argachuu hin dandeenye. Gaaf tokko garuu misraachoo tokko dhaga’an. Wiirtuun qu’annoo kanniisaa Hoolotaa namootaaf leenjii kennuuf qophiirra akka jiru dhaga’anii isaanis guyyaa 15 hormaata kanniisaa irratti leenji’an. Kun waggaa saddeet dura. Isaanis leenjii argataniin kanniisa horsiisuu jalqaban. Waggaa tokkotti birrii kuma shan argatan.

Hojii kanarraa bu’aa ol’aanaa waan argataniif ciminaan itti fuufan. Wayita ammaa Ob. Taammiruun kanniisa gaagura tokko birrii 200n gurguratu. Gaaguura ammayyaa’a soddoma caalaa kan qaban yemmuu ta’u, gurgurtaa dammaafi kanniisaarraa birrii kuma 10 caalaa waggaatti ni argatu. Hojii kana yemmuu jalqaban harka duwwaa turan. Wayita ammaa sangaa cimdii afur, ameessa shan, qabaachuusaaniirrayyuu, mana qorqorroo ijaarrataniiru. Maatii horatanii ijoolleesaanii barsiisaa jiru. Akka isaan nutti himanitti qabeenya birrii kuma 100 ol qabu. Isaanis qonnaan bultoota 400 leenjiisuudhaan faanasaanii akka bu’an taasiisaniiru. Heektaara lama bitanii misoomsaa jiru.

Wiirtuun qu’annoo kannisaa Hoolotaa qonnaan bultootaaf deeggarsa ol’aanaa akka kennaa jiru Ob. Kabbadaa Dabalee wiirtuu kanatti ekispartiin qu’annoo kanniisaa wiirtuu kanaa nutti himaniiru. Wiirtuun kun bara hundeeffamasaa 1988 irraa jalqabee qu’annoo 72 qonnaan bultoota fayyadu qu’atee hojiirra oolcheera. Wayita ammaa qu’annoo 30 gaggeessaa jiraachuusaarrayyuu, ekispartoota 903, qonnaan bultoota 1835 akkasumas, ogeessota naannolee addaddaarraa dhufan 46 baatii tokkoorraa hanga baatii sadiitti leenjiseera.

Ob. Taklee Kabaa biiroo misooma qonnaafi baadiyaa Oromiyaatti ekispartiin horsiisa kanniisaa akka dubbatanitti naannoo Oromiyaa keessatti akaakuun kanniisaa sadii kan argaman yemmuu ta’u, baay’inni isaaniis miliyoona 6.4 ol itti tilmaamama. Naannichatti gaagurri aadaa miliyoona 4.5 ol, kan ammayyaa’aa kuma 10 ol, gaagurri cehumsaa miliyoona 3.1 ol ni argamu. Akka ragaan kun addeessutti. Dammi kiilograamni miliyoona 9.3 oomishameera. Gagaan kiilogiraama 288,139 argameera.

Oomishni dammaa kunis, harkii caalaan gabaa biyya keessaafi faayidaa mana keessaaf kan oolu dha. Wayita ammaa garuu oomisha dammaa kana gabaa biyya alaafi biyya keessaaf

dhiyeessuuf dhaabbileen oomisha dammaarratti bobba’an 13 socho’aa jiru. Isaanis, gabaa addunyaa keessatti qooda fudhachuuf ciminaan hojjechaa jiru. Kunis qabeenya dammarraa sharafni biyya alaa akka argamu gahee ol’aanaa kan qabu dha. Haata’u malee, bu’aan kun akka argamuuf ciminaan hojjechuun murteessaa dha. Bosanni ciramaa jiru kana bakka busuun murteessaadha.

Walumaagalatti akkumaa armaan olitti eerametti oomishni dammaa gabaa biyya alaa keessatti gurguramee guddina dinagdee biyya keenyaa akka deeggaru qu’annoon amma jalqabame ciminaan itti fufuu qaba. Lammiin hundii biqiltuu addaddaa dhaabuu wajjin bosona jiru kunuunsuun barbaachisaadha. Qonnaan bulaanis oomisha dammaa irraa bu’aa gaarii argachuuf qulqullinaan oomishuun murteessaadha.

Qabeenya beeyladaarraa maal fayyadamne?

Biyyi keenya qabeenya beeyladaatiin addunyaarratti sadarkaa saddeettaffaa, Afrikaa keessaa ammoo sadarkaa jalqabaarratti argamti. Haata'u malee, biyyi keenya qabeenya beeyladaatiin badhaatuu taatus qabeenya kana haala barbaachisaa ta'een itti fayyadamaa hin jirtu. Faaydaa barbaadamu qabeenya kana irraa argachuuf fayyaa loonii eeguun murteessaadha. Kanaafimmoo wiirtuuleen addaddaa hundaa'anii kan hojjechaa jiran yemmuu ta'uu, kanneen keessaa ammoo wiirtuun qu'annoo fayyaa Beeyladootaa Hoolataa isa tokkodha.

Wiirtuun bara 1987 hundaa'e kun qu'annoo addaddaa gaggeessuudhaan qonnaan bulaan akka dhimma itti ba'u taasisuusaarrayyuu, qabeenyi beeyiladaa qabnu kun guddina dinagdee biyyattiif akka oolu sochii bal'aa taasiisaa jira. Innis, dhibeewwan sombaa horii, abbaa sangaa, dhibeen afaaniifi miilaa loonii akkasumas dhiibeewwan loonirraa gara namaatti daddarbaniifi kanneen biroorratti qu'annoo gaggeessuudhaan akka hojiirra oolu taasiseera.

Dr. Masfiin Saahilee daareekiteeriin wiirtuu kana akka dubatanitti qu'annoon tokko hanga waggaa sadii turu nidanda'a. Ilbisoota gogaa beeyladootaa midhaan qorichi qu'atamee hojiirra ooleera. Kunis gogaa qulqullinnisaa eegame gara biyya alaatti akka eergamu ni taasisa. Dhibee haarma loonii irratti qu'qnnoo gaggeeffame bu'aa gaarii argamsiiseera. Qonnaan bulaanis itti fayyadamaa jira. Akkasumas, dhibee sululaa beeyiladaafi nama kan miidhu waan ta'eef, dhaabbata qonnaan addunyaa wajjin qindaa'uudhaan ragaalee addaddaa walitti qabuudhaan fakkii (sample) dhiigaa kuma 15 fudhatamee qu'annoo gaggeeffameen dhibeen kun biyya keenya keessa akka hin jirre mirkanaa'eera. Wiirtuun kun qu'annoo gaggeessaa jiruuf dhaabbilee addunyaa addaddaarraa waraqaa ragaa argachuusaa odeeffannoo argamerraa hubachuun danda'ameera.

Naannoo Oromiyaattis qabeenya beeyladaa jiru sirritti fayyadamuuf xiyyeeffannoon ol'aanaa itti kennamee hojjetamaa akka jiru kan dubbatan ammoo Dr. Dirribee Faajjii Biiroo Misooma Qonnaafi Baadiyaa Oromiyaatti bakka bu'aa qajeelcha eegumsa fayyaa, misooma beeyiladaafi qurxummii dha. Naannichaatti laabraatooriin sadii dhukkuboota beeyiladaa addaddaarratti hojjetan jiru. Magaalaa Asallaatti kan argamuu godinaalee gidduu galeessafi kibba Oromiyaaf tajaajila kan kennu yemmuu ta'u, kan Beeddeellee ammoo godinaalee lixa Oromiyaa saddeetiifi kan Hirnaanatti argamuu ammoo godinaalee bahaa Oromiyaatiif tajaajila ni kennu.

Gama biraatinimmoo barana bajata mootummaan naannichaa ramadee birrii miliyoona 5.4 oliin qorichi beeyiladotaa bitamee qonnaan bulaaf raabsameea. Kanneen keessaa birriin miliyoonni 2.6 aanaalee qubsumaaf kan ooleedha. Meeshaaleen fayyaa addaddaa birrii kuma 334

bitamee qonnaan bulaan akka itti fayyadamuu taasiifameera. Kana malees dureeyyootaafi qonnaan bultoota horsiisa beeyladaa irratti bobba'aniif gargaarsiifi barumsii fufiinsa qabu kennameera.

Qonnaan bultoota deegarsa ogeessota fayyaa beeyiladaatiin gargaaramanii bu'aa ol'aanaa argatan keessa Hajii Heebboo Turaa isaan tokkodha. Isaanis godina Arsii lixaa aanaa Dodolatti jiraataa ganda qonnaan bulaa Dannabaati. Hajii Heebboo Turaa goota misoomaa jedhamanii badhaafamaniiru. Qonnaan bulaan kun qotiyyoo cimdii tokkon qotanii kan argatanirraa qusachuun waggaa shan dura birrii kuma 120n tiraakteera bitaniiru. Qamadii hanga kuntaala kuma tokko oomishu. Hajii Heebboon wayita ammaa baankiitii birrii kuma 150 qabu. Hojii qonnaa cinaattis loon ni horsiisu. Horii fooyya'aa torba qabu. Horii biyya keessaa 60 qabaachuusaanirrayyuu, bara 1988 kaasanii sagantaa ekisteenshiin paakeejiitiin fayyadamanii qotuusaaniitiin, loon horsiisuun qonnaan bulaa adda duree ta'anii badhaafamaniiru. Akka isaan dubbatanitti horsiisa beeyiladaarraa bu'aa ol'aanaa argataa jiru. Kun ammoo fayyaa saanii kunuunsuusaaniitiin akka ta'e nutti himaniiru.

Walumaagalatti fayyaa beeyiladootaa eguudhaan bu'aa argamu qabu, akka argamuuf sochiin taasifamaa jiru, yoo jiraatellee gahaa dha jechuun hin danda'amu. Kanaafimmoo qaamoleen hojii kanarratti bobba'an ciminaan hojjechu qabu. Ragaan biiroo misooma qonnaafi baadiyaa Oromiyaarraa argame akka eerutti, naannicha keessatti, horiin malaa 20,579,177, hoolaa 4,932, 245, re'ee 4,884,234 kottee duudaa 2,314,104, Gaala 725,608 lukkuu 9,33,440 ni argamu. Lakkoofsi kunimmoo naannoolee biroorraa Oromiyaan qabeenya beeyiladaatiin sadarkaa tokkooffaarratti akka argamtu ni taasisa. Qonnaan bulaan qabeenya kanarraa fayyadamaa akka ta'u, akkasumas, gabaa addunyaarratti akkuma qabeenya hedduu qabnutti bu'aan akka argamu taasisuuf ciminaan hojjetamuu qaba. Ulaagaalee gabaa addunyaan barbaadu guutuuf qorannoon bal'inaan deemsifamee qonnaan bulaan kallattiidhaan akka itti fayyadamu taasisuun murteessaadha.